

Biyya dhaloota koo keessatti talaallii TB (BCG) fudheen jira. Ammallee TB n qabamuun danda'aa?



Namoonni talaallii TB fudhatan ammallee dhukkubichaan qabamuu ni danda'u

Eegumsi talaallii TB **keessa jiru yeroo booda badaa deema.**

Talaallii fudhattanii osoo jiraattanii illee, qorannoon dhiigaa keessan poozetiivii jedha taanaan LTBI qabdu jechuudha.

Qoricha **LTBI** fudhachuun **TB dammaqaa irraa isin eega.**

LTBI qabaachuun iyyata immigreeshinii koo lafarra akka harkifatu ni taasisaa?



Qoricha LTBI fudhachuun iyyanni keessan lafarra akka harkifatu **HIN** taasisu.



Dookteriin immigreeshinii keessan muummeen fayyaa LTBI qabaachuu keessan akka beeku ni taasisa.



Deggorsa isiniif gochuuf jecha muummeen fayyaa naannoo isin qunnamuu mala.

Dooktera qoricha LTBI isiniif ajaju barbaaddu taanaan, muummee fayyaa naannoo keessaniif bilbilaa:

Kaawntii \_\_\_\_\_

Lakkoofsa bilbilaa: \_\_\_\_\_

Muummee Ittisaa fi To'annoo Dhukkuboota Daddarboo  
L.S. Poostaa 64975, St. Paul, MN 55164  
651-201-5414 ykn 1-877-676-5414  
[www.health.state.mn.us](http://www.health.state.mn.us)

**Dhukkuba daranyoo sombaa dhokataa (LTBI) nan qaba jechuun maal jechuudha?**



**LTBI waldhaanamuun isinii fi namoonni isin jaalattan akka hin dhukkubsanne eegu ni dandeessu.**

**mn** DEPARTMENT OF HEALTH

Heyyama Gamtaa To'attoota Dhibee Daranyoo Sombaa  
Kaalifoorniyaatiin kan qindaa'e.

## LTBI n maali? Akkamittin isaan qabamuu danda'ee?


LTBI n dhukkuba jarmoota TB kanneen qaama namaa keessa riphann (kanneen rafan) irraa dhufa.

Dhukkubsataa TB dammaqaa **qabu waliin qilleensa wl fakkaatu yoo argantan** LTBI n qabamuu dandeessu.

Osoodhuma talaallii TB fudhattanii iyyuu LTBI n qabamuu ni dandeessu.

## Dawaa LTBI maaliifan fudhachuu qaba?

Qoricha LTBI hin fudhattan taanaan, gara TB dammaqatti jijjiirama.



TB dammaqaan **dhukkuba hamaa** akka malee isin dhukkubuu danda'udha.

## Akkamittan dawaa LTBI argachuu danda'a?

**Qoricha siif ajajuu danda'uu isaaniidookteral**mmigreeshinii kee gaafadhu.

Yoo isaan hin dandeenye, **gara dooktera idilee keessanii deemuun qorichicha** akka isiniif ajajan gaafadhaa. Waraqaa qorannoo dhiigaa keessan qabadhaa dhiyaadhaa.

Waldhaansaaf gara kilinikaatti akka isin erganiif jecha muummeewwan fayyaa naannoo keessaniis qunnamuu dandeessu.

## LTBI fi TB dammaqaa gidduu garaa garummaa hedduutu jiru:

Nama  
LTBI qabu:

Dhukkubbiin itti hin dhagahamu

Raajin laphee isaa nagaadha

**Jarmiiwwan TB** namoota birootti daddabarsuu hin danda'u

Waldhaansi isaa TB dammaqaa ni ittisa

Waldhaansi isaa gabaabaa (**ji'oota sadii hanga afurii**) fi salphaadha

Nama  
TB dammaqaa qabu:

Dhukkubbiin itti dhagahamuu danda'a

Raajii laphee irratti rakkoo qabaachuu mala

**Jarmoota TB** kanneen birootti dabarsuu danda'a

Waldhaansi isaa TB dammaqaa irraa nama fayyisa

Waldhaansi isaa dheeraadha (**ji'oota jahaa hanga 12 ykn sanaa ol**)



**Walakkaan** namoota TB dammaqaan qabamanii **hospitaala seenaniiru.**

5%

kanneen TB dammaqaa qaban keessaa **sababa hukkubichaan du'aanii jiru.**

**Qoricha isaa hin fudhattan taanaan, carraa LTBI n gara TB dammaqatti gedderamuu** kudhan keessaa tokko qabdu.

**Mataa keessan TB n qabamuu irraa kanneen jaalattanittis dhukkubicha daddabarsuu irraa eegaa.**